Hima Dhabinsa-Addaan-qoodinsa fi Akkaataa Himannaa Addaan-qodinsaa (NON-DISCRIMINATION STATEMENT AND DISCRIMINATION COMPLAINT PROCEDURE)

Manneen Barnoota Ummata Siyaatil (Seattle Public Schools, SPS) Carraa Barnootaa fi Carraa Qacara Hojii Wal-qixaawaa kenna; akkasumas sagntaalee fi gocha kamiyyu keessatti bu'ura saalaan, lammiin, amantaan, halluu qaamaan, akaakileen, biyyaa dhalootaan, umuriin, sadarkaa qabeenyaan, fillannoo saalaan, hima saalaan ykn eenyumaan, ulfawuun, haala gaa'elaan, haala qaamaan, dadhabbii ijaan, dhageettiin, sammuun, ykn dhabimsa qaamaan, sadarkaa kabajama sooroma xooraan (military status), ykn fayyadama saree leenjifamaan ykn horii tajaajilaan namoota addaan hinqoodu. Dabalataan SPS Ilmaan Skaawotii Amerikaa (Boy Scouts of America) fi garee dargaggoo biroof carraa wal-qaixaawaa kenna.

Namoota Addaan-qooduun Maalii (What is discrimination)?

Addaan-qooduun gocha seera-dhabeesa ta'e yammu ta'u, kunis, nama ykn garee tokko sababa miseensa garee beekamaa, ykn garee tikfamaa jedhamu (protected class), ta'eef qofa akka waan birootti ilaaludha. Addaan-qooduun nama tokko sababa miseensa tikfamaa ta'eef akka waan adda ta'etti ilaaluu, sagantaa, tajaajila ykn gocha tokko keessatti akka qooda hinfudhanne dhorkuu, ykn dadhabbina argaa-dhageetii ykn qaamasaa hubbannaa keessatti galchuu dhabuu dabalata. Nama tokko sababa miseensa tikfamaa ta'eef midhaa arabsoo ykn midhaa qama irratti taasisuun midhaa addaan-qoodumsaa jedhama.

Gareen Tikfamu Maalii (What is a protected class)?

Gareen tikfamu garee namoota amala tokko waliin qaban fi sababa kanaan akka addaan hinqoodamne fi hinmidhamne seera federaalaan, steetiin, ykn seera naanootiin eegumsa kan argatanidha. SPS keessatti gareewwan tikfaman Hima Dhabinsa Addaan-qoodinsaa armaan olitti caqafame keessatti kan tartiibaan ibsamani, kanneen akka saalaa, lammii, kkf.

Hima addaan-qoodinsa akkamiin iyyaatuu (How do I file a complaint about discrimination)?

Namni tokko naannoo hojii manaa barnootaa kessatti addaan qoodameera ykn midhaan addaan qoodinsa irratti taasifameera jette kan amantu yoo taate, hima seera-qabeessa tahe galfachuuf mirga qabda. Anaa barnootaa keessatti akkaataa midhaan dhabinsa-addaan-qoodinsaa (nondiscriminatory complaint) itti himatamu gutuusaa argachuuf, Waajjiraa Mirga Uumaa Barattootaaf (Office of Student Civil Rights) emeeli gara OSCR@seattleschools.org ergi, ykn https://www.seattleschools.org/cms/One.aspx?portalId=627&pageId=1300431 Ilaali.

If you believe that someone has experienced discrimination or discriminatory harassment at school in the work environment, you have the right to file a formal complaint. For a full copy of the school district's nondiscrimination complaint procedure, email the Office of Student Civil Rights at OSCR@seattleschools.org or visit https://www.seattleschools.org/cms/One.aspx?portalId=627&pageId=132741

Himannaa otoo hingalfatiin dura, gaaffileekee ilaalchise dura-bu'a mana barnootaa, hogganaa bakka hojii wajjin mari'achuu dandeessa; ykn Komi-dhageesituu (Ombudsperson) Manneen Barnoota Ummata Siiyaatil (Seattle Public School's Ombudsperson) Ombudsman@seattleschools.org Qunnamuu dandeessa.

Himannaa seera-qabeesawa addaan-qoodinsaa galfachuuf:

Barattootaaf, warra/guddistuu, fi misensoota hawaasaaf, Waajjiraan Mirga Uumaa Barattoota (Office of Student Civil Rights (OSCR) gaaffilee fi himannaa addaan-qoodinsa SPS kessatti raawwataman akka qindeessu taasifameera. Misensa OSCR qunnamuu yoo barbaadde, bilbila lakkoofsa 206-252-0306 bibili; emeelii gara OSCR@seattleschools.org **ergi; ykn xalayaa gara** Seattle Public Schools, MS 32-149, P.O. Box 34165, Seattle, WA 98124-1166 ergi.
Waajjiraan Mirga Uumaa Barattoota (Office of Student Civil Rights (OSCR) kessatti qaamooleen armaan gaditt caqafaman himannaa addaan-qoodinsa adda ta'e ilaalu:

- Addaan-qoodinsa saalaatiif ykn rakkowwan midhaa saalaatiif, lakk. waajjiraa Title IX Specialist bilbilaan 206-252-0367, ykn emeeliin Title.IX@seattleschools.org qunnami.
- Addaan-qoodinsa dadhabbina qaamaatiif wajjiraa 504/ADA Grievance Coordinator bilbilaan 206-252-0306, ykn emeeliin Accessibility@seattleschools.org qunnami.

Gaafilee hojjetootni waa'ee dhimoota gargaarsa dadhabbinsa qaamaa, fi/ykn himannaa addaan-qoodinsa hojjetootaa, himannaa midhaa saalaa dabalatee, Dura-bu'aa Dhimma Humna Namaa (Chief Human Resources Officer) bilbilaan 206-252-0024, ykn emeeliin HREEOC@seattleschools.org**; ykn xalayaan** Seattle Public Schools, MS 33-157, P.O. Box 34165, Seattle, WA 98124-1166 qunnami.

MANNEEN BARNOOTA UMMATA SIYAATIL
AKKAATAA HIMANNAA ADDAAN-QOODINISAA
(SEATTLE PUBLIC SCHOOLS
DISCRIMINATION COMPLAINT PROCEDURE

Gochaa 1: Himannaa Anaa Barnootaa

Yeroo bay'ee, himannaan yakka addaan-qoodinsaa guyyaa yakki itti uumamerraa kaasee wagga tokko keessatti galfamuu qaba. Himannaan barrefamaan ta'u qaba; maal akka uumaame fi maaliif yakka addaan-qoodinsaa ta'usaa akka amantu ibsi. Himannaan xalayaan (postaa), emeeliin, ykn harkaan waajjiraa jiddu-galeessaatti, bulchaa mana barnootaatti, Waajjiraa Mirga Uumaa Barattoota (OSCR), ykn Mummee Humna Namaatti galfamuu danda'a.

Anaan Manneen Barnootaa himannaake yammu siharkaa fuudhu, waraabbii akkaataa himannaa yakka addaan-qoodinsa Anaa siif kenna. Achii booda, Waajjiraan Mirga Uumaa Barattoota (OSCR), ykn Mummeen Humna Namaa, anaan barnootaa himannaanke furmaata akka argatu mirkaneesuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'an hunda fudhachusaa mirkaneessa; kunis qorannoo hatattamaa fi gadi-fageenyaan gaggeessu dabalata. Himannaanke qorannoon otoo hinbarbaachisin haala jaarsummaan akka furmaata argatu taasisuuf waligalte galuus dandessa.

Anaaan Manneen Barnootaa himannaa erga fudhate booda guyyaa 30 keessatti barrefamaan deebii sikeennu qaba; yoo abbaan himannaa guyyaa adda ta'en deebii argachuuf yoo waligaltee godhate ykn sababa qubsaa ta'en deebii kenuuf yeroon dheraa yoo barbaachisaa ta'e garu, guyyaan deebii kun jijjiramu mala. Himannaaf deebii ykn furmaata kennuuf guyyaa 30 caalaan kan barbaachisu yoo ta'e, sababa maaliif guyyaan dabalataa akka barbaachisu fi yoom deebii kennuun akka danda'amu barreffamaan ibsi sikennama.

Anaan barnootaa himannaakeef deebii yamu kennu, deebiin kennamu anaan barnootichaa qabixilee armaan gadiitti caqfqman ibsu qaba:

1. Qabxilleen himannichaa sirrii akka hintaane; ykn
2. Himannaan sirri ta'usaa mirkanese tarkaanfi furmaata tarreessuu.

Dabalataan, deebiin siif kennamu anaan barnootaa himannaankee sirrii akka hintaane yoo murteese, murteen irra deebi'ame akka siif ilaalamu iyyannoo gallfachuuf mirga akka qabdu, iyyaanoon kuniis essatti fi eenyutti dhiyaachu akka qabu yaadanoo siif barreesu qaba.

Gocha 2: Iyyannoo Dura-bu'aa Anaatti Dhiyaatu (Appeal to the Superintendent)

Anaan barnootaa himannaankee akka sirrii hintaane murtee murteese kan mormitu yoo taate, murteen irra deebi'ame akka siif laalamu iyyannoo Dura-bu'aa anaatti galfachu dandeessa. Murteen anaa erga sigahee booda guyya 10 keessatti iyyannooke barreeffamaan waajjiraa Dura-bu'aatti dhiyeessu qabada.

Iyyannoo guyyaa sirrii ta'etti dhiyaateef deebii kenuuf, Dura-bu'aan korree addaa dhabuun akka

iyyannoon xinxalamu taasisa. Iyyannoonkee guyyaan itti ilaalamu erga murtaawee fi baallamni siif keenname booda, iyyannoonkee dhugaa ta'usaa mirkaneeffachuuf wabii ykn raga fi oddeffanoo barbaachisaa ta'an fidachuu dandessa.

Anaan iyyannookee sirraa fuudhe booda guyyaa 30 keessatti murtee barreffamaan siif erga. Murteen kuniis oddeffannoo haala akkamiin himannaa Wajjiraa Durabu'aa Qajeelfama Hawaasaatti (Office of Superintendent of Public Instruction (OSPI) galfachuun akka danda'amu ibsuu dabalata.

Gocha 3: Himannaa OSPI itti Dhiyaatu

Murteen anaa irra deebi'aame akka siif ilaalamu iyyannoo galfatee booda murtee lammataas kan mormiitu yoo taate, iyyaannoo biraa Wajjiraa Durabu'aa Qajeelfama Hawaasaatti (OSPI) galfachuu dandeessa. Iyyannoon OSPI tiif dhiyaatu murteen anaa iyyannoo isa duraaf erga kennamee booda guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu qaba. Iyyannooke OSPI tiif emeeliin: Equity@k12.wa.us; fax: (360) 664-2967; ykn xalayaan (poostaa): OSPI Equity and Civil Rights Office, PO Box 47200, Olympia, WA 98504-7200 erguu dandeessa.